

BARNOOTA S/Walsimataa kutaa 5-6

QABIYYEEWWAN SABABA DHIBEE COVID-19 UTUU HIN BARATIIN HAFAN

Fulbaana 2020

1. Seensa

Barumsi humna namaa gahuumssa qabu horachuu keessatti gahee guddaa qaba. kana malees nama gahuumsaafi ilaalcha gaarii qabu horachuuf barumsaaf bakka guddaa kennuun barbaachisaadha. Barattootni sadarkaa hunda irratti beekumsaafi gahuumsa horataniifi naamusa gaarii kan qaban, sabdanneessummaa biyyattii kan kabajan tokkummaa biyyatiif kan dhaabatan ta'anii argamuu qabu. Kanaaf sirni barnootaa kun gahee guddaa qaba. Barattootni sadarkaa tokkoffaa guutummaa haala waliigalaa isaanii irratti kan hundaa'ee ta'ee sirni barnootaa kun kan boocamedha sirni barnootaa qulqullina qabu galmaan gahuuf sirna mijataa ta'ee diriirsuun barbaachisaadha. Barnootni Saayinsii Wal-simataa barattootaaf hubannoo olaanaa kan kennuuf waan ta'eef barnootni kun barbaachisaadha. Biyya keenyatti weerarri dhukkuba Covid -19 sababa nu quunameef barnootni ji'oota muraasaaf adda cituunsaa ni beekama rakkoo kana giddu galeefachuudhaan qabiyyeewwan muraasa keessa deebii gochuudhaan akka baratootatti hin hafnetti akkasumas kutaa itti aanuuf bu'ura waan ta'eef guyyoota barnootaa mara qisaasame bakka buusuun murteessaa ta'ee argameera. Barattootni kana hubatanii bakka hanqina isaanii guutachuudhaan cimanii beekumsa gahaa argatanii gara kutaa itti aanutti dabarsuun gaariidha.

2. Barbaachisummaa

Sababa dhibee dhukkuba Covid-19 bara 2012 tti sadarkaalee barnoota hundatti barnootni utuu hin xumuramiin gara kutaa itti aanuutti darban gochuun kutaalee barnootaa hunda gidduutti kan jiru kan walsimefi kan milkaa'e akka ta'uuf qofa utuu hin ta'iin, qulqullina barnootaarratti dhiibbaa guddaa akka fiduu akka danda'u ni beekama. Hata'uyyu malee muudannoo addaa qulqullinni barnootaa irratti dhiibbaa inni fiduu danda'uu, akkasumas, waan barbaachisaa ta'ee adeemsa tooftaalee adda addaa sadarkaa biyyaatti haala wal fakaataa ta'een akka raawwatuuf karoora kana raawwachuun baayyee barbaachisaadha.

3. Kaayyoo

Barattootni sababa dhukkuba COVID-19 barnoota utuu hin baratiin hafeef qabiyyeewwan barnootaa xumuranii sadarkaa kutaalee beekumsaa argatanii fi gahumsa jirutti fayyadamanii sadarkaa itti aanuttii akka darban gochuudha.

4. Xiyyeeffannoo

- Baayyinni barataa dabaluu yookaan hir'achuu
- Barattootni gara mana barumsaa dhufuu dhiisuu

- Hanqina yeroo
- Leeccaloon barnootaa dhibamuu
- Qabiyyeen baayyachuu
- Qophii yaad sammuu isaanii gad-aanaa ta’uu
- Dhimmamtootni barnootaa marti itti gaafatamummaa isaanii sirnaan bahuu dhabuu

5.Barsiisaaf qajeelfamni jiru (Qajeelcha Barsiisaa)

- Qophii gahaa qabiyyee irratti gochuu. Akkasumas adeemsa baruuf barsiisuu muraasatti fayyadamuu.
- Guyyaa hojii dabalataa fayyadamuu (sambat-xiqqaa)
- Guyyaa barnoota gubateef bakka buusuuf kaayyoo isaa beekuu
- Guyyaa barnoota gubate bakka buusuuf baratoota kaayyoo isaa hubachiisuu
- Nageenyaafi fayyummaa baratootaaf of eegannoo gochuu
- Raawwii isaa hubatanii fooyyessanii dhiyeessuu

Barsiisootni weerara dhukkuba COVID-19 baratootni barnoota isaanii utuu hin baratiin hafanqabiyyeewwan guerguddaa hafan ilaaluudhaan kutaa barnootaa itti aanu eegaluu dura kutaa duraan barachaa turan barachuu qabu jedhame kan taa’e qabiyyeewwan gurguddaa ta’an ilaalamuudhaan sagantaa kenname irratti hundaa’uudhaan adeemsa baruuf barsiisuu mijataa taasisuufi xiyyeeffanaa itti kennuun baayyee barbaachisaadha. Haaluma kanaan sanada qophaa’ee kana haala mana barumsaa wajjin wal simsiisuun kaayyoo kana galmaan gahuuf gaheen barsiisaa olaanaadha

Barnoot Saayinsii walsimataa Kutaa 5ffaa semisteera 2ffaa

Bara 2012 tti sababa dhibee COVID-19 barnootni seemisteera 2ffaa waan hin xumuramneef bara 2013 tti wayitii 12 keessatti barattoota barsiisuuf qabiyyee filataman, Baayyina wayitii kenname ibsaafi raawwii adeemsa baruuf barsiisuu gabatee armaan gadiirratti ibsameera.

Lak.	Qabiyyee	Baayyina wayitii	Sababa qabiyyeen filatameef /Rational/	Ibsa (beekumsa, gahumsa, ilaalcha, raawwii adeemsa baruuf barsiisuu)
1	**Boqqonnaa 4 Bineeldoota**	4		
	4.1 Bineeldoota lafe dhabeeyyiifi lafe qabeeyyii **4.2** Ilbiisoota 4.3 Qurxumiilee 4.4 Amfiibiyaanoota 4.5 Reeptaayiloota		Sababa dhibee COVID-19 tiin utuu hin baratiin hafaniif qabiyyeen hafe kun kennamaaf.	Barsiisaan haala isaaf tolutti dandeettii barattootaa waliin wal simsiisuun barnoota kennuudhaan.
2	**Boqqonnaa 5 Qaama keenya**	4		
	5.1 Usaansaafi qaamoolee usaansaa **5.2** Qulqullina nyaataa **5.3** nyaata akka madda anniisaa Ho'aatti 5.4 Hanqina nyaataa 5.5 Barmaatilee miidhaa fidan 5.6 HIV/AIDS		Sababa dhibee COVID-19 tiin utuu hin baratiin hafaniif qabiyyeen hafe kun kennamaaf.	Barsiisaan haala isaaf tolutti dandeettii barattootaa waliin wal simsiisuun barnoota kennuudhaan.
3	**Boqqonnaa 6 LAFA**	4		

	6.1 Lafa sirna soolarii keessatti **6.2 ruqoolee sirna soolaarii** **6.3 sochiilee lafaa** **6.4 saatelaayitoota nam tolchee**		Sababa dhibee COVID-19 tiin utuu hin baratiin hafaniif qabiyyeen hafe kun kennamaaf.	Barsiisaan haala isaaf tolutti dandeettii barattootaa waliin wal simsiisuun barnoota kennuudhaan.

Barnoot Saayinsii walsimataa Kutaa 6ffaa semisteera 2ffaa

Bara 2012 tti sababa dhibee COVID-19 barnootni seemisteera 2ffaa waan hin xumuramneef bara 2013 tti wayitii 12 keessatti barattoota barsiisuuf qabiyyee filataman, Baayyina wayitii kenname ibsaafi raawwii adeemsa baruuf barsiisuu gabatee armaan gadiirratti ibsameera.

Lak.	Qabiyyee	Baayyina wayitii	Sababa qabiyyeen filatameef /Rational/	Ibsa (beekumsa, gahumsa, ilaalcha, raawwii adeemsa baruuf barsiisuu)
1	**Boqqonnaa 4 Bineeldoota**	4		
	4.1 Allaatiiwwan **4.2** Hoosiftoota 4.3 bineensota bosonaa		Sababa dhibee COVID-19 tiin utuu hin baratiin hafaniif qabiyyeen hafe kun kennamaaf.	Barsiisaan haala isaaf tolutti dandeettii barattootaa waliin wal simsiisuun barnoota kennuudhaan.
2	**Boqqonnaa 5 Qaama keenya**	4		
	5.1 ijja namaa **5.2** sirna narvii namaafi Hormonoota **5.3** sirna wal-hormaata		Sababa dhibee COVID-19 tiin utuu hin baratiin hafaniif qabiyyeen	Barsiisaan haala isaaf tolutti dandeettii barattootaa waliin wal simsiisuun barnoota kennuudhaan.

	namaa 5.4 HIV/AIDS		hafe kun kennamaaf.	
3	**Boqqonnaa 6 LAFA**	4		
	6.1 caasaa Lafaa **6.2 Atmoosfeeriifi haala qilleensaa** **6.3 Qilleensa baramaa lafaa**		Sababa dhibee COVID-19 tiin utuu hin baratiin hafaniif qabiyyeen hafe kun kennamaaf.	Barsiisaan haala isaaf tolutti dandeettii barattootaa waliin wal simsiisuun barnoota kennuudhaan.